Nu waliin haasa’aa! Odeeffannoo Riqicha Lixa Siyaatiliif tajaajila bilbilaa haaraa keenya Afaan Oromootiin bilbilaa.

Suuraan Patricia Zavala’tin – Unsplash irratti

Afaan Oromoo dubbachuu dandeessuu?Waa’ee Riqicha Lixa Siyaatil dabalataan baruuf har’uma nuuf bilbilaati waan yaaddan nutti himaa. Sararri bilbilichaa 206-400-7511 dha.

Tajaajila bilbilichaatti fayyadamuuf, tarkaanfilee armaan gadii hordofaa:

1) 206-400-7511 irratti bilbilaa

2) Meenuu dhaggeeffadhaati, Afaan Oromoon itti fufuuf, lakk. 7 cuqaasaa.

3) Ergaan sun hamma banamutti eegaati, maqaa fi lakk.bilbilaa keessan, akkasumas waa’ee Riqicha Lixa Siyaatil gaaffii ykn yaada qabdan kamuu nutti himaa. Guyyaa fi yeroo gaarii itti deebifnee isiniif bilbillu nu beeksisuu kan dandeessan yommuu ta’u, kanaanis, marii taasifna.

4) Waa’ee riqichichaa haasawuuf namni Afaan Oromoo dubbatu deebisee isiniif bilbila. Isin waliin haasawuuf hawwiin eeggachaa jirra!

Tajaajila bilbilaa haaraa kana jechuun waa’ee Riqicha Lixa Siyaatil namoota dabalataa waliin quunnamtii taasisuu ni dandeenya. Kunis, namoota Afaan Ingiliffaan ala dubbatan Lixa Siyaatil, South Park, Georgetown, fi qe’ee jireenyaa biroo jiraatan ni dabalata.

Ingiliffa dabalatee, waa'ee riqichichaa Afaan Ispaanish, Chinese, Vietnamese, Khmer, Oromoo, Somaalii, fi Kooriyaatiin namoota waliin quunnamtii taasisaa jirra. Nuyi odeeffannoo piroojektii faayidaa qabeessa irratti Afaan gufuu akka hin taane mirkaneeffachuu barbaadna. Bilbila nuuf bilbilamuuf, deebii si'ataa fi yeroosaa eeggate duraa duubasaa eegsisuuf, kabajuuf, fi hawaasa keenya gammachuun guutamee fi garaa garummaa qabu kanaaf hawwiin eegaa jirra.

Suuraan Akshar Dave'tin – Unsplash irratti

Miseensota hawaasaa naannichaa, namoota email'ota ykn filaayaroota dubbisuun osoo hin taane, kallattiin akka dubbachuu barbaadan nutti himan waliin erga mari'annee booda tajaajila bilbilaa kana dagaagsine. Galma kana tumsuufis, ergaawwan tajaajila bilbilaa dhageessan dagaagsuuf, hiikuuf fi waraabuuf turjumaanotaa fi ogeeyyii hiikkaa afaanii naannichaa waliin michoominaan hojjechaa jira.

Ogeeyyiin kunneen ofii isaanii miseensota hawaasaa fi namoota afaan nuyi filanne dubbatan dha. Beekumsaa fi ogummaan isaanii kunis, afaan kamuu dubbatanis, namoota waa'ee Riqicha Lixa Siyaatil odeeffannoo barbaadaniif galtee ifa, aadaa waliin wal simatu, dhugaa qabeessaaf fi bilbiltoota hunda simatu akka walitti qabannu nu gargaaraniiru.

Irra deebiin, sarara voicemail Riqicha Lixa Siyaatil 206-400-7511 irratti bilbilaa. Odeeffannoo kana hiriyoota, maatii, miiltoowwan hojii, amantootaa fi olloota keessan, nu waliin Afaan Oromoon haasawuuf fedha qaban waliin qooddadhaa.

Siyaatil keessatti, kanneen Afaan Ingiliffaan ala Afaan biraa haasa'an, galma sagaleen hundi akka dhaga'amu, odeeffannoon ifaa fi hunda bira kan gahu akka ta'u gochuun miseensota hawaasaa hedduu bira gahuudhaaf hawwiin eegaa jirra. Gara fuula duraatti tajaajila kana fooyyessuuf fi babaldhisuuf maloota barbaaddachuu ittuma fufna.

Galatoomaa. Hiriyoota keessan Qajeelcha Geejjibaa Siyaatil jiran.

Seattle Department of Transportation